Odeeffnnoo STD

Chlamydia - Oro

Dhukkuba Chlamydia
(baakteeriyaa *Chlamydia trachomatis* jedhamuun dhufa)

AASXESSA FI MUL'ATA

Mul'atni *Chlamydia*:

- Quunnamtii booda guyyaa 7-21 itti eegala
- Namooti hedduun mul'ata hin qabani

Mul'ata *Chlamydia* Dubarttootarratti:

- Dhangala'aan ykn dhiigii dhagna dubartii keessaa baha
- Yammuu fincaan fincooftu ni guba ykn ni dhukkuba
- Dhukkubbii garaa dha gadii
- Dhukkubbii hudduu

Mul'ata *Chlamydia* Dhiirarratti:

- Dhangala'aa akka bishaanii furdaa isaatu meeshaa dhiiraa keessaa ba'a
- Yammuu fincaa'an ni guba ykn ni dhukkuba
- Dhukkuba hudduu

HAALA DADDARBIINSA ISAA

Chlamydia 'n haala armaan gadiitiin daddarba:

- Quunnamtii saalaa karaa dhagna dubartii
- Quunnamtii saalaa afaaniin
- Quunnamtii saalaa karaa hudduu

XAAXAWWAN/BOODDEE

Yoo waldhaanamuu baate *Chlamydia*'n:

- Gara ulfaa'uu gadameessa alaa (*tubal pregnancy*) itti nama geessa
- Gara dhukkuba cimaa kan nannoo qaama saalaatti geessa
- Dhiira ykn namoota dhaboo godha
- Nama quunnamtii saalaa ittiin gootu birootti darba

Ulfaa'uu fi *Chlamydia*:

- Haadha dhukkubsattuurraa gara daa'ima reef dhalattutti ni darba. Dhibee ijaa fi namoonyaas daa'imatti ni fida
- Osoo hin gahin mucaa da'uu ykn mucaa xiqoo da'uu fiduu ni danda'a

ITTISA

Odeeffannoo daddarbiinsa *Chlamydia* xiqqeessuuf fayyadan:

- *Latex kondomiin* yoo sirriitti itti maa'ii ba'ame daddarbiinsa *Chlamydia* xiqqeessuu ni danda'a
- Quunnamtii saalaa hudduudhaan ykn karaa dhagna dubartii yammuu gootu *latex koondomii* fayyadami
- Quunnamtii saalaa afaaniin meeshaa dhiiraa luuguun yoo goote *latex kondomii* fayyadami
- Quunnamtii saalaa dhagna dubartii yookaan hudduu arraabuun yoo goote ittisa *latex* fayyadami (laastikii ilkaanii ykn *koondomii* bakka lamatti kutiiti)
- Lakkoobsa namoota quunnamtii saalaa waliin hojjetu xiqqeessi
- Yoo qabamuu kee shakkite dooktora bira ykn dhiyeessitoota *meedikaalaa* biroo bira dhaqiitii ilaalami
- Yoo qabamte namoota quunnamtii foonii waliin gootu hunda beeksisi
- Namootni ati quunnamtii saalaa waliin gootu ilaalamuu fi waldhaanamuu isaanii mirkaneessi

DAWAA/YAALA

Dawaa *Chlamydia*:

- Dawaa dooktoraan akka ajajametti fudhachuu (*doxycycline* akka malee fayyadamuu *Chlamydia* hin fayyisu)
- Manatti dawaa ofiin fudhachuun hin fayyisu
- Namootni quunnamtii saalaa waliin godhan hundi wal-faana yaalamuu qabu

HUBADDHU: Nammi dhukkubichaan qabamee fayye deebi'ee qabamuu ni danda'a.

ODEEFFANNOO KANARRAA YOO BARBAADDE TEESSOO ARMAAN GADIITIIN QUUNNAMI:

Infectious Disease Epidemiology, Prevention and Control Division
STD and HIV Section
Minnesota Department of Health
P.O. Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
(651) 201-5414; (651) 201-5797 TTY; www.health.state.mn.us

Daandii hatattamaa Karoora Maatii Minnesotaa
(Minnesota Family Planning and STD Hotline)
1-800-783-2287 Sagalee/TTY; (651) 645-9360 (Magaalaa)
www.stdhotline.state.mn.us

Daandii hatattamaa kan mootummaa guutuu CDC,
STD tiifi AIDS
(CDC National STD and AIDS Hotlines)
1-800-232-4636; 1-888-232-6348 TTY; www.cdc.gov

Kutaa Fayyaa Minnesota Department of Health, STD and HIV Section - Amajjii 2006